**Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,** **National Youth Movement for**
**Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)** **Freedom and Democracy (NYMFD)**

# Ummata Oromoo Irratti Qumaara Siyaasaa Xaphachuun Rawwachuu Qaba.

## Ibsa Qeerroo

**Finfinnee, Caamsaa,29,2011**

Yeroo ammaa degersa siyaasaa dhabee kisaaraa siyaasaa fi kufaatii keessa kan jiru mootummaan Wayyaanee,diddaa ummata Oromoo fi Ethiopia kaanii of irraa hambsisuu jecha maloota ammaan dura dhahachaa ture harkatti dhumnaan har'a falaasama ittisa laga Abbayyaan yaada jedhuun ummata Oromoos tahe saboota biyyattii keessa jiranitti dibbee tumaa jira.

Lagdi Abbayyaa baroota dheeraaf bakkuma san ture,erga Wayyaaneen aangoo qabattee baroota digdamaan lakkaayaman kana keessa Abbayya barbaachisummaan isaa takkaa hin kaane;falaasama barbaachisummaan abbayyaa qondaalota TPLF itti har'a eessaa mul'ate kan jedhu gaaffii yeroo ti. Rakkoo ummattootaa kan bu'uraa osoo hin furiin Ittifamuun Abbayyaa bakka dhibdee saboota Ethiopia keessa jiranii ittisuu fi cufuu hin dandayu. Ummati Oromoos tahe sabootiin biro yeroo har'aa kana biyya qaban irra jiraachuu hin dandeenye;qotanii,daldalanii,omishanii fi baratanii soda malee jiraachuu hin dandeenye. Qabeenyi ummata Oromoo, lafti fi albuudni, guutuutti gurguramaa jira;naannooleen lafa Oromoo waa omishuu dandayan martinuu abbootii qabeenyaa biyya alagaa irraa seenanii fi ergamtoota Wayyaaneetti gurguramee dhumaa jira. Oromoon waan nyaatuu fi bakka jiraatu dhabee qe'ee isaa irraa heddumminaan godaanaa jira,humni dargaggoo kanneen biyya ijaaruu dandayanii fi qaroon ilmaan Oromoo mana hidhaatti guuramaa jiru,kaan biyyaa arihamaa jira.Biyyi Oromiyaan kan dureessoota alagaa taatee guutuutti gurguramaa osoo jirtuuf mishoomaa fi Abbayya ittisuu kan jedhuun ammoo gurra ilmaan cunqurfamaa Oromootti dibbee dhahuun daranuu tuffii ummata Oromoof qaban muldhisa.

Har'a guyyaa ummata Oromoo gabroofate Gimbot 20 jedhee TPLF adabaabaya Shaggar irratti mata duree fi furmaata dhibdeen Ethiopia laga Abbayyaa cufuu kan jedhu haasaa yeroo godhu

**Email contact: -** qeerroo2011@gmail.com **Facebook**:- Qeerroo Bilisummaa

qumaara siyaasaa taphachaa akka jiru saboota biyyattii keessa jiraniif ifaadha. Degertoota kooti jedhee Autobusaan kutaalee biyyaa keessaa walitti guuree,TV isaa fuula dura dhaabuun lallaba laga Abbayaa yeroo deemsisaa turetti, University adda addaa keessatti ammoo barattooti Oromoo FDG gaggeessuuf qophaayaa jiru kan jedhuun humna waraanaa fi Tikaan mooraalee keessaa eegumsa guddaa gochuun gaaffii Oromootaa ukkaamsuuf tattaaffii guddaa godhe. Oromiyaa keessaa ka'u mala bakka jedhu magaalota hedduu handaaraa fi keessa humna waraanaa meeshaa guguddaan eegumsa godhan hedduminaan kuusee Oromoota bahuu fi galuu dhorkaa akka jiru guutuun biyyaa beeka. Ummata akkasitti mirga dubbaanaa fi sochii dhorketti laga Abbayyaa ittiseen beelaa fi hiyyummaa isin irraa balleessa; hanga lagi sun ittifamu ittis dureessi hafee hiyyeessi dhumuun barbaachisaa tahuutti kan amane fakkaata.

Dargiin bara isaatti meeshaa ololaa fi gaaffii ummataa kan ittiin cufu lallaba mishoomaa kan inni oofaa ture keessaa tokko, falaasama qonnaa mootummaa kan ammayyaa tahe babal'isuu yaada jedhuun ture. Bakkoota adda addaatti qonnaa mootummaa (Mechanized) tahe babal'isuun beela balleessina, mishooma biyyaas guddifna yaada jedhuun gargaarsa miliyoonotaan biyya alaa irraa guuraa bahe;kun kana tahees ummata Oromoo beelaa fi hiyyummaa irraa hin oolchine. Dargiis ammoo aduunyaa irraa sadaqaa kadhachuu fi guuruu isa hin oolchine. Imaamati Dargii  yerosii Qonnaan ammayyaa beela balleessee ummata quubsa yaadi jedhu dhugaa irraa kan fagaatee fi tooftaa siyaasaa Dargii tahuun yeroo irratti  beekamu battala toftaa siyaasaa jijjirruun falaasama  qubsuma ummataa(mender misreta) ijaaruun baadiyyaa magaaleessuu yaada jedhuun biyya Ethiopia goolee qe'ee ummanni abaabileen irra jiraate diigaa ummata tasgabbii dhorkaa bahe. Laggeen gurguddaa humna Electric isinii madisiifna yaada jedhuun maallaqa gurguddaa ummata irraa fuudhee tasa osoo hojii irra hin oolchiin ummata daran hiyyummaatti hidhee biyyaa bahe.

Doorsisi meeshaa waraanaanii fi humni ittisaa gaaffii ummataa ukkaamsee hambisuuf akka hin dandeenye dhihootti biyya arabaa irratti kan tahe fincila biyyoolessa arginee jirra. Biyya Europe keessattis, Sararaan dhagaa gimbii kan eenyu iyyuu cabsuu hin dandeenyeen biyyoota Garmany lamatti qoodamee bara dheeraaf ummani gargar jiraate, ittisi kunis gaafa ummati danfee ka'e diigamee jira.  Biyyi USSR humna jabaa taatee kan addunyaa yaaddoo keessa galchiti jedhamte diddaa ummataan bakka meeqatti ciramtee diigamuu seenaa keessatti kan argamedha. Mootummaan Wayyaanees kufaatiin akkaanii fi gara malee akka irra gahuu fi dhuma irratti bilisummaa fi dimokraasiin biyyattii keessatti akka lalisu shakkii tokko hin qabnu.

Dhuma irratti gochaan fi kijibi mootummaa Wayyaanee har'aa Sochii Dargaggoota Biyyooleessaa(Qeerroo) fi ummata Oromoo qabsoo gaggeessan irraa takkaahuu dhaabuu akka hin dandeenye ummata Oromia fi Ethiopia,akkasumas biyya lafaa beeksifna.

Qabsoon itti fufa ! Gabroomsaan ni Kufa!

**Email contact: -** qeerroo2011@gmail.com **Facebook**:- Qeerroo Bilisummaa